## Bulchitoota Finfinnee Ganamaa

Finfinneen osoo nafxanyootaan hin koloneeffamiin dura dhaloota isheetiin akka ofbulchaa turte seenaan niyaadata. Akkuma galmeen seenaa ibsu, Oromoonni naannawaa kana jiraachaa turan gosoota Oromoo Tuulamaa yoo ta'an; Sirna Gadaatiin dabareedhaan isaanis, akkaatuma walbulchaa turaniiru. Finfinnee irratti wal horani, irratis horanii irra bobbaafachaa turaniiru. Dabalataanis, lafuma isaanii kanarratti wallaalaa isaanis gorfatanii beekaa isaanii jajjabeeffatanii waliif abboomamaa dhuudhaa Oromootiin jiraachaa turaniiru. Haaluma kanaan, maqaan hoggantoota dur Finfinnee bulchaa turanii haala armaan gadiitiin dhiyaateera.

**1. Tufaa Munaa**: Caffee Tuulamaa kan bulchaa ture gooticha Oromoo Finfinneeti. Caffee Tuulamaa (*Finfinnee, Hurufa Boombii, Dhummuugaa, Caffee Araaraa, Tulluu Heexoo Diimtuu, Dhakaa Araaraa, Qarsaa, Awaaroo, Hulluuqaa Kormaa, Hora Finfinnee, Dabbasoo, Dalloo buddeenaa, Hadaa* ammaa bulchaa ture.

**2. Qajeelaa Dooyyo**: Birbirsaafi Mana Gullallee kan bulchaa ture yoo ta'u, goota jabaa sirna nafxanyaatiif hin bitamu jedhee qabsaa'aa turedha. Dhumarrattis, iddoo yeroo ammaa kana Askoo jedhamu kanatti haadha warraa isaa waliin abiddaan ajjeesan.

**3. Guddataa Araddoo**: Teechoo/Teessoo bakka jedhamu bulchaa ture. Innis gameessa abbaa Oromoota Tuulamaa gubanii ture. Guddataa Araddoo, iddoo yeroo ammaa kana Laaftoo Tumaa ykn Kutaa Magaalaa Nifaas Silkii jedhamu kana bulchaature.

Akka Obbo Baqqalaan jedhanitti, gosti Gullallee jedhamu Salaale naannoo yeroo ammaa kana Yaayyaa Gullallee jedhamu irraa gara Finfinneetti, gosti qurxii jedhamu akka dhufe ni dubbatu isaan keessaa bayeessaafi guddichi naannoo yeroo ammaa Saarbeet, Goofaa, Makanniisaafi gidduugala Finfinnee kan yeroo ammaa kana Nifaas Silkii jedhamu bulchaa akka turan seenaan ni dubbata.

**Guddataa Araddoo**, Jimaa Jaatanii, Elemaa Balafuu fi Qurxii Kuyyuu kan jedhaman, warra handhuura Finfinnee qabatanii yeroo dheeraaf sirna gabroomfataa tolaanis ta'ee humnaanis wajjin jiraachuun ofirraa lolachaa turanidha."Baqqalaa Damee, Jimaa Balaafuu, Jaarraa, Birbirsa, Jaatanii, Elemaa, Balaafuu, Qurxii Kuyyuu, Obbo Guddataa Araddoo waa'ee lafa Oromoorraa buqqa'uu isaanii lolaanis ta'ee tolaan gaafachaa akka turan, xaalayaan isaan barreessan kuni ni ibsa. Guddataa Araddoo jechuun, Guraaraa Lataa waliin durbii lammaffaatti waliif oolu. Sanyiin goota jedhama**.Guraaraa-Lataa**-Gadaa-Jaatanii-- gootuma Guraara jechuun, maaliif Siida Dabalee irraa fardi fudhatama jedhee lolee lolchiisee booda abdaarii isaa irratti kan fannifamedha.

**Masqalee Guddataa** jechuun, ilma angafaa Guddataa Araddooti. Akka caarraa barreessichi kitaaba kana yeeroo barreessu guyyaa tokko mooraa warra Sabbooqaa Masqalee Araddoo kan yeroo ammaa Mana Barumsaa argatee Goofaa Sadarkaa 1 ffaa cinaatti argamu deemuun Kabbadaa Sabbooqaa -Masqalee-Guddataa Araddoo hedduu irraa qorate. Akkuma gaafachuu seenaa jalqabeen. maaliif Goofaa jedhame jennaan, bara mooticha Minilik, yeroo waraana Xaaliyaanii humna waraanaa namoota gaamoo Goofaadhaa dhufan, naannoo kana qubachiise. Kanaaf Goofaa jedhame jechuun ibse.

Obbo Masqaleen, yeroo jiranitti, mootichi Hayila Sillaaseen isaan dura daamaraa akka hin gubne ni dubbatama ture.

Masqalee Guddataa, abbaa isaarraa fudhatee naannoo Goofaa kana bulchaa akka ture. Obbo Kabbadaan ni himu. Guyyaa lafti kun irraa fudhatames, Obbo Masqaleen tole jedhanii hin kennine.

xaalayaa armaan gadii kanas maatii Guddataa Araddoo bakka bu'anii Bitotessa 14/1957 mootii Hayila Sillaaseetiif barreessaniiru:

**4. Duulaa Arra'ee**: nama jabaafi surraa-qabeessa maatii gosa Gullallee yoo ta'u, naannoo yeroo ammaa Saaris jedhamu bulchaa ture.

**5. Daadhi Gimbii**: Daadhii Gimbii abba biyyaa naannoo yeroo ammaa kana 'CMC', Mikaa'el hanga Saamiititti, Marifi naannoo Ayaat, Xaafoo jedhaman kana bulchaa turedha. Obboo Daadhiin naannoo kana bulchaa kan ture, bara waraana Adawaa keessa akka ta'e seenaan nidubbata. Innis, Warra Abeebee Tufaa waliin soddummaa loltoota waraana Oromoo fardaan hiriirsisanii yeroo gara qabu jedhama. Bara lola Adawaa, Obboo Daadhii Gimbii Adawaa deeman iddoo yeroo ammaa Laga Xaafoo jedhamu darbanii, laga wayii arganii waraana isaa waliin itti irreeffatan. Erga isaan irreeffatanii darbanii kana eenyutu asitti irreefate jedhanii gaafannaan, namoonni argan Daadhiitu irreeffate jedhan. Guyyaa sanaa eegalee **laga Daadhi** jedhamee yaammamaa akka jiru seenan nihima.

**6 Waaree Gololee Boruu Bantii Gadaa Jaatanii**: akaakile Jaatanii kan tahe Waareenis hawaasa isaa keessatti hedduu kabajamaafi nama quuqqama guddaa qabu ture.

**7. Shubbuu Ejersaa**: goota jabaa naannoo Boolee kan bulchaa ture, Gooroo Boolee Lamii fi naannawaa sana bulchaa kan ture, sirna gabroomfataa mormee mormisiisaa kan ture waan ta'eef harkaafi miila isaa irraa muranii ajjeesan.

**8. Galatee Asheetee**: Jarsaaye kan bulchaa ture, iddoo

yeroo ammaa Kibba Booleefi naannawaa ishee bulchaa ture, ummata yeroo ammaa karaa Sabbataa iddoo Tulluu Daalattiirra qubatanii argaman kana bulchaa kan ture, gosa Warili bulchaa kan ture, dhumarrattis harkaafi milla irraa muranii Manzee geessanii achitti ajjeesan.

**9. Amalee Jaatanii**: naannoo Kolfee (Qaraaniyoo): bulchaa ture; naannoo yeroo ammaa Ayyar Xeenaa jedhamu nama bulchaa turedha. Amalee jaatanii obboleettii Tufaa Munaa kan fuudhu yoo ta'u; gosti isaa warra Guraaraa Lataati. Obbolaan isaa: Birbirsa Jaatanii, Jimaa Jaatanii, Gadaa Jaataniifaa waliin haala gurmaa'ina qabuun Minilik irratti qabsaa'aa waan tureef mana hidhaa galchani (Ida'oo Boruu). Mana hidhaa keessatti akka nyaatni hin kennamneef gochuun xanneedhaan ajjeesan.

**10. Soraa (Sorawwaa) Lomee**: Innis goota Boolee Bulbulaa bulchaa ture, ilma Lomee Doddotaati. Namoonni tokko tokko akka jedhanitti, naannoo Hora Finfinnee kanattis waggaa dheeradhaaf abbaa malkaa ta'uudhaan tajaajilaa akka turan dubbatama. Obboo Soraa Lomee alangaadhaan reebamanii ajjeefaman.

**11. Jamoo Dabalee**: Qaraaniyoo kan bulchaa ture yoo ta'u, ilmi ilma isaanii Daarekteera Mana Barumsaa Agaaziyaan turan. Taaddalaa Tulluu Jamoo fi Warquu Tulluu Jamoo Dabalee hanga yeroo dhihootti lubbuun jiru ture.

**12. Tufaa Araddoo**: Tufaa Araddoo goota gosa OromoO Tuulamaa keessaa, warra miseensa maatii Eekkaati. Lafti isaan bulchaa turanis Tulluu Ererii as hanga daangaa warra Manziifi Ankoobariitti. Daangaan bulchiinsa lafa Tufaa Araddoo Salaale bulchiinsa Tufaa Munaa waliin: akkasumas, Gullallee waliin wal daangeessa ture.

Horri Finfinnee kan Oromoonni Ilmaan Tuulamaa horii obaafatan qabiyyee lafa warra Eekkaa jala ture. Adeemsa keessas, Tufaa Araddoo Hora Finfinnee kanarratti ajajaa ta'anii turan. Namoonni hora kana obaafatan horii dhibbati horii tokko akka gibiraatti Tufaa Araddootiif kaffalaa akka turanis seenaan nihima.

Tufaa Araddoo, bulchitootni sina nafxanyaa lafa diriiraa Finfinnee akka irraa hin fudhanneef gootummaadhaan fuuldura dhaabbataa ture. Akka Obbo Tadilaa Odaa Tufaa Araddoo jedhanitti, "Tufaa Araddoo loltoota hedduu qabu waan turaniif, hedduu sodaatamu turani. Warri dhiyoos, warri fagoos hedduu isa kabaju turan. Kana malees, Minilik gaafa mana hidhaa Atsee Tewoodiroos Gondor irraa badee gara Shawaa dhufe, Tufaa Araddoo akka isa dhoksuuf jaarsummaa ergatee kadhachaa akka ture himu. Obbo Tadilaan, kan Tufaa Araddoo akaakayyuu ta'aniif, itti dabalaniis, akkana jedhu, "Minilikis yeroo murtaa'eef Inxooxxoorra gargaarsa Tufaa Munaatiin dhokatee ture".

Obbo Tufaa Munaa, gootni Seenaa Finfinnee waliin maqaan isaanii ka'u. Muloofi Sulultaa bulchaa turani, Booda keessa Tufaa Araddoo Oromoota naannawaa Finfinnda kanaaf akka Hora Finfinnee loon isaanii obaafatan heeyamameefi; dhumarrattis, asuma Finfinneetti galee akka jiraatu ta'e. Osuma Tufaa lamaan jaalalaan jiraatanuu hamiin gidduu isaaniitti uumamee Hora Finfinnee irratti walitti bu'aa turan jedhu manguddootni. Walitti bu'iinsi isaanii kunis basaastonni yeroo sana turan gidduu Tufaa Munaafi Tufaa Araddootti shaakkii waan uumaniif; keessaayyuu, dhimma qubannaa Minilik irratti gidduu deemuun odeessa sirrii hin taaneen akka walitti bu'an waan

taasisaniif ture. Dhimmi wal shakkiifi walitti bu'uu obboloota lamaan, Tufaa Araddoofi Tufaa Munaa, dhokachuu Minilik waliin wal qabata. Akkuma olitti ibsine, Miniliik looltuu fi qawwee qabatee Tufaa Araddoo akka isa dhoksuuf koolu galtummaa gaafate. Giddu deemtonni ammoo Tufaa Munaatti akka Tufaa Araddoo Miniliikif heeyyamee as dabarseetti itti himu. Tufaa Araddootti immoo akka Tufaa Munaa dhaqee fidetti itti himu. Shakkii kanaan osoo jiranuu. soba lammaffaa uumanii Tufaa Munaa farda waraanaa akka Minilikiif kenneetti Tufaa Araddootti himan. Tufaa Araddootiin ammoo Ilma kee naaf kenni siin jette Xaayituun jedhanii itti himani. Xaayituu Buxxulis carraa kanatti fayyadamtee "Ani maseena ilmoo hin arganne waanan ta'eef ilma kee tokko naaf ergi nan guddifadha jettee jaarsummaa itti ergatte. Tufaa Araddootis aarii Tufaa Munaa Minilikiif farda kenne jedhame garaadhaa waan qabuuf ilmasaa Abeebee Tufaa Xaayituuf kenne. Ilmi isaa Abeebeenis dhaqee kiristinnaa ka'ee maatii isaas kiristinnaa kaasise.

Akka Obbo Tadilaa Odaa Tufaafi Obbo Zawduu Maammoo Abeebee Tufaa ragaa ba'anitti, Minilik sodaa Tewoodiroosiin Gondor, mana hidhaatirraa baqatee dhufee Inxooxxoo; akkasumas, iddoo biraallee dhokateera. Mootichi Tewoodiroos na gabata jechuun, Xaayituu Inxooxxoorratti dhiisee Olonkoomii keessa yeroo murtaa'eef dhokatee ture. xaayituu Buxxul Oromoo Walloo waan turteef. Tufaa Araddoo

Minilik amanee akka ofitti qabuuf haala mijeessaa akka turte seenaan argame ni ibsa. Xaayituun tuni lukni Ishee dhiita'uudhaan dhukkubsachaa turte. Dhukkuba dhlita'uu kanaaf bishaan ho'aan akka furmaata ta'e waan dhageesseef mala barbaadde. Horri Finfinnee ammoo bishaan ho'aa nama fayyisu hedduu akka burgisiisu waan dhageessef, bishaan kanatti dhigattee fayyuuf Tufaa Araddoo heeyyama gaafatte. Dhimma ishees akka xumuraniif Jaarsolii gameeyyii barbaaddee gara Tufaa Araddoo ergite. Jaarsummaa warra ergaman keessaa Abeebee Tufaa, ilmi Tufaa Araddoo tokko ture. Tufaa Araddootis jaarsummaa ilmaa waan diduu dadhabeef bishaanitti dhigattee akka fayyituuf Aadde Xaayituuf heeyyame. Xaayituunis heeyyama argattetti fayyadamuun gara bishaan hora Finfinnee deemtee dhigatte. Asitti wanti hubachuu qabnu, yoo Xaayituun dhukkubsattee bishaan hora Finfinneetiin fayyuuf kadhattuufi wayita heeyyamamuuf, Minilik Inxooxxoo hin jiru ture. Isheenis haguma deddeebitee dhiqatteen itti fooyya'aa dhufee lukti ishee fayyeef.

Xaayituun iddoo bishaan ho'aa kana hedduu waan waan biraa kadhachuuf jaalatteef Tufaa Araddoo kardorfatte. Achumaan karaa ilma Tufaa Araddoo, Abeebee Tufaatiin, erga akkana jedhu ergite. "Miilli koollee baayee naat fooyya'eera xabala baay'ee eebbifamaadha, guyyaa guyyaan gaara Inxooxxoorraa gara Hora deddeebi'uun naaf gameera: hangan fayyutti Garuu Finfinneetti bakkuman bulu gadi sigeen akkan godoo buufadhu adaraa naaf heeyyami" jettee heeyyama gaafatatte. Tufaa Araddootis kadhaa karaa ilma isaa itti dhufe waan ta'eef mana akka ijaarrattuuf heeyyameef. Isheenis Inxooxxoorraa gadi siquun naarinoo amma mooraa Yuunivarsiitiin Kiiloo Ja'a jirurratti godoo buufattee deddeebitee luka ishee dhigachaa turte. Kanuma keessa Minilik Olonkomii iddoo dhokataa turee deebi'e. Gaafa inni deebi'u, manni haadha warraa isaa Xayltuu gara gadii Siddisti Kiloottti jijirrameera. Miniliks "Xaayltuun eessa deemtee" jedhee namoota Inxooxoora Jiraatan gaafannaan, "kunoo goda kanatti gaiteetti" jedhanil godooshee itti agarisan, Innis kunimmaa Addis Ababaadha jedhee maqaa itti baase. Kanarraa ka'eeti magaan ganamaa Finfinnee gara Addis Ababaatti jirrame.

Firummaa Tufaa Araddoo Xaayituufaa waliin gabaataa ture karaa ilma isaanii baayee dabalaa waan dhufeef, ammas, bakkuma jiran kana akka turan jaarsummaan Tufaa Araddootti ergame. Sababni Xaayituu Godoo gara gadi naannoo Yunivarsiitiin jiru kana turuu barbaaddeef Inxooxxoon waan natti gorruuf miila koo na dhukkubsa jechuudhaani. Kanaafuu, xaballi Hora Finfinnee waan na fayiseef asuman tura jechuun kadhatte. Tufaa Araddons akka mana ijaarratanii naannoo barbaadan kana jiraataniif heeyyameef.

Kana booda firummaan isaanii cimee walitti dhufuu eegalan. Tufaa Araddoo qulqullummaan itti dhiyaatus, Minilikiifi Xaayituun shira irratti xaxuu jalgaban. Akkatti Tufaa Araddoo balleessan irratti waliif galaniis murteessan. Silaa amma firoomnee nunshakku jechuun Xaayituu Bixxul Tufaa Araddootiif araqee akka dhuguuf ergite. Tufaanis aragicha ni dhuge. Erga gaafa aragee sana dhugee dhukkubsataa ta'ee siree isaarraa ka'uu dadhabe. Tufaa Araddoo waan kanaan du'uu dideef tosha biraa irratti hojjatanii akka du'u murteessan. Minilikis tosha kana fudhatee Mana Tufaa Araddoo deeme. Nyaatee dhugee erga quufee, utaalee boroo Tufaa Munaatiin ba'e. Tufaa Munaatis mora Minilik kanaan bariituma sana du'e.

**13. Jimaa Sanbatee**: naannoo Boolee lafa dirree Xiyyaarraa ta'e kana kan bulchaa turan yoo ta'u, biyyee soogiddaawaa loon arraabantu naannawaa sana jira waan ta'eef, isarraa ka'uudhaan Boolee jedhamee moggaafame. Lafti Jimaa Sanbatee bulchaa ture kun Booleerraa ka'uudhaan miil jalee, Sandaafaa dabalatee hanga Shanootti, naannoo Laaftoorraa hanga Gaara Ereriitti lafa looniifi oomisha irraa argatan ture.

**14. Qajeelaa Dambii**: Araddaawwan bal'aa naannoo Birbirsa Gooroo ykn Araadaa Goorgisiifi naannoo sana kan bulchan, abbaa biyyaa Qajeelaa Dambii yoo ta'u dabalataanis abbaa waraanaa gosa Gulallee turan.

**15. Tiksee Jimaa**: Araddoota gara Lixaa jiran: Jammoo, Furii Daalattifi Raphii Labuu kan bulchaa turan abbaa biyyaa Tiksee Jimaati. Innis michuu Tufaa munaa ture.

**16. Daalacha Waamii.**

Naannoo yeroo ammaa Caanco jedhamu bulchaa kan ture Minilikiif gabbaruu kan dide jabaadha.

**17. Mojoo Boxoraa**

**18. Goobana Buttaa**

**19. Guddaa Duulaa**

**20. Caangaree Sookilee** **Seenaa guutuu Isaanii hin arganne**

**21. Guraaraa Lataa** lafa inni qabatee bulchaa ture ammoo Kaasachis/Qarsaa/ Filaamiingoo Mismaar taraa, Dam- bankil, Addisuu Qeeraa gabatee naannoo Jeneraal Daawwit Abdii konkolaataa itti buusisuun ajjeefame "Midir Baaburiifi thil Barandaa" gara Kaabatti.

**Lagahaa**r jecha firech laghar yoo tahu hikni isa train station Jechuudha. Lafti tabbaa naannawa sana jiru yeroo ammas **guraaraa taraaraa** jedhamee waamama, lafa Guraaras Lataa itti fannifameefi ajjeefameedha. Guraaraa Lataa raa fannise Nugus W/Goorgis eessumman Atsee Minilik ajajuma isaanitini.

Oromoon Tuulamaa Shaggar jiraataa turan kunniin biyya isaani irratti abbummaa ofii cimsatanii diina isaanii ofirraa faccisaa turan. Oromoonni kunniin aadaa, seenaafi duudhaa ofii kabajatanii wal kabajanii jiraachaa turan. Heeraafi seera tumaa Gadaas asumatti tumatanii lallabatu, muudaniis irraa walkaasu ture. Seenaan kun osoo jiruu dhaloota keessaa kan uummatichi gabrummaa jalatti akka buluuf garaaf jedhee bitamus hin dhabamne.

Oromoo Tuulamaa keessatti kanneen Sirna Gadaan dhaloota ofbulchaa ture bira darbuun diinaaf abboomamanii sirna mootii jalatti dhaloota bituuf fiigaa

turan keessaa adda duree kan ta'an: Gaarii Duufaa, Goobana Daaccii, Akkaa Buttaa, Caacaa Doobbee fa'adha, Sirna Gadaatiin alatti, sirna ofii isaanii diriirsanii ummata bulchaa kanneen turan keessaa, giddugala Tuulamaatti: Mojoo Boxoraa, Tufaa Munaa, Birraatuu Goolee, Abeebee Tufaa, Tiksee Jimaa, Guddaa Duulaafaa; gara Lixaafi Kibba Tuulamaatti immoo: Cangaree Sookilee, Cuukkoo Roobii, Thabuu Bordee, Tuufoo Kaluu, Turee Galatee faa yoo ta'an, of-ijaaruudhaan walmorkachaa biyya bulchaa turaniiru.

Sirnaafi seera Gadaatiin buluu dhabuun, Abbaa Gadaafi Abbaa Bokkuutiin hogganamuu dhabuun; akkasumas, aangoof jecha waldorgomuun bulchitootni yeroo sanaa, Abbichuufi Galaan akka wal lolanii diinaaf karaa banan taasiseera. Sababa kanaanis madaan tokkummaa dhabuurraa dhufe hanga har'aatti nu keessaa hinbaane. Kana malees, ofii isaaniifis wareegamaafi gaaga'ama lubbuu ofii karaa hin taaneen baasanii turan.

## 4.2. Siidaa Dabaleefi Farda Siidaa Dabalee

Siidaa Dabalee, gosa Oromoo Galaan kan naannawaa Boolee Bulbulaa jiraataa turaniidha. Siidaa Dabalee nama onnee qabu; keessaahuu nama guluffii fardaatiin beekamu ture. Siidaa Dabalee farda cimaa maqaa qabu leenjisee itti fayyadamaa ture. Siidaa Dabalee nama yaabbii fardaafi kunuunsa fardaa hedduu jaalatu akka tureefi aadeffannaa kanas Oromoota isa dura turanirraa akka dhaale himama. Siidaa Dabalee gaafa tolaas gaafa lolaas; gaafa gammachuus, gaafa gaddaas farda isaarraa adda hin ba'u ture. Farda isaa akka ilmoo ofiitti jaalata ture. Fardi Siidaa Dabalee bifti isaa daalacha diimaafi dheerina guddaa kän qabu, hedduu kan miidhaguufi farda kamiyyuu fiigichaan kan caalu ture.

Siidaa Dabaleetis fardi isaas goota uumamaati jedhu hawaasni naannawaa Boolee Bulbulaa turan. Siidaan, farda isaa boora sana guyyaa guyyaan qaama isaa dhiqee, miidhagsee kunuunsa ture. Akka Mangudootni dubbatanitti guyyaatti si'a lamaa hanga sadiitti farda isaa laga buusee akka qaama dhiqaa turedha. Siidaa Dabalee kabaja ofiif qabuu ol farda isaa akka kabajuufi jaalatu ragaaleen jiran nimul'isu.

Fardi Siidaa Dabalee Oromoota Finfinnee danuu biratti kan ittiin beekamu garmaama irratti fiigee jalaa ba'uufi ari'ee dhaqqabuudhani. Namootni tokko tokko akka jedhanitti, "Akkam jalaa fagaattullee Waaqayyoofi farda Siidaa Dabalee jalaa bahuu hin dandeessu" jedhama. Kanaafis Farda Siidaa dabalee hedduu kabaju, hedduus jaju turan.

Siidaa Dabalee nama jaalatamaa hiriyoota hedduu qabu ture. Keessayyuu, warreen isa waliin fardeen garmaaman Jollee Jaatanii walin hedduu walitti dhufu ture. Gadaa Jaatanii, Birbirsa Jaatani, Jimaa Jaatanii hiriyoota Isaati Hirlyootni Siidaa Dabalee kanneen akka Goobanaa Buttaafi Guraaraa Lataa faas farda Siidaatiif jaalalaafi kabaja guddaa qabu. Siidaa waliin taphatu, waliin garmaamus ture. Guyyaa cidhaafi guyyaa gaddaas waliin farda isaanii gabatanii argamu turan.

Minilik erga Inxooxxootti galee darbees gara Daalattii iddoo amma Masaraa guddaa jedhamu kanatti galee Oromoota ariitiifi ajjechaa isaa jalaa hafan tooftaadhaan fixuuf kabaja guyyaa dhaloota isaa irratti akka argaman waame. Gosoota Oromoo Galaaniifi Abbichuu hedduun isaanii ammoo yoo waamicha kana dhufan fardeen isaanii qabatanii akka argaman ajaje. Warri yaamaman martinuu fardeen isaanii qabatanii iddoo kabaja guyyaa dhalootaa isaatti argaman. Minilikis yoo isaan dhufan Waaroo isaa uffatee taa'ee isaan eegaa ture. Warreen farda isaanii qabatanii jiran iddoo inni taa'ee jiru fuuldurarra hiriiraan akka darban ajaja dabarse. Oromoonni Galaaniifi Abbichuus akkuma ajajaman hiriira galanii fuuldura isaa darbaa turan. Minilik taa'ee osoo fardeen Oromoo kana raajuu waan tokko fuula isaa fuulduratti arge. Innis farda Siidaa Dabalee ture. Farda Siidaa Dabalee kanas hedduu jaalate, irraa fudhachuufis hawwe. Hawwii isaa galmaan ga'achuuf eegdota isaa waamee Farda Siidaa dabalee kana

irraa fuudhaa naaf dhoksaa jedheen. Eegdonni isaas Siidaa Dabalee bira dhaqanii fardi miidhagaafi guddaan kun siif hin malu; mootii biyyaatiif mala kanaaf farda kana Minilik waan barbaaduuf isaaf kennuufi qabda; siif kan biraa siif binna jedhanii irraa fuudhan. Minilikis haala kanaan farda Siidaa Dabalee jalaa fudhate.

Sarootni Siidaa Dabaleellee farda Siidaa Dabalee kana hedduu jaalatu ture. Gaafa Siidaa Dabalee farda isaa gatee galu, sarootni isaa kun callisanii hin teenye. Fardicha barbaaduuf iyyaa mana Siidaa Dabalee gadi lakkisanii deeman. Fardicha barbaaduuf gara Daalattiitti qajeelan. Dhumarrattis Fardichas qe'ee Minilik mana Minilik, keessatti hidhamee argatan. Kana boodas sarootni Siidaa, jaalala addaa fardichaaf qaban agarsiisuun dutaa gara fardichaatti qajeelan. Fardicha jala gangalatanii jaalala fardichaaf qaban ibsatan. Namootni naannoo sanaas dhaabbatanii waa'ee saroota sanaa ilaalanii raajamaa turan. Sarootni kunniin fardicha dhiisanii manatti deebi'uu didan. Booda warri Minilik saroota kana summii nyaachisaanii ajjeesan

Saamamuu farda isaatiifi ajjeefamuu saroota isäarraa kan ka'e Siidaa Dabalees baay'ee ofitti gadde. Finfinnee irratti farda isaa waan dhabeef, lafa fardasaa itti saamamerra taa'uu jibbee gara Arsiitti gale. Arsiittis mana ijaarratee jiraachuu eegale. Kan nama ajaa'ibu immoo, Siidaa Dabalee balbala manasaa Arsitti ijaaratee Finfinidaa achi naannesseetu tolfate. Maalif akkas goote jennaan, "Ani fuula Finfinneetti garagalee jiraachuu hin barbaadu" jedne jedhama. Sanyiin Siidaa Dabalee yeroo kana eessa akka jiran odeeffannoo ga'aa argachuu hin dandeenye.

Birbirsa Gooroo (Piyaassaa) tti Siidaan Minilik farda irra taa'ee jiru hojjetameera. Fardi Minilik irrataa'ee kuni Farda Siidaa Dabaleeti.

Barreessichi dubbistootaaf ergaa tokko dabarfachuu barbaada. Innis, dhaloonni ammaa kuni seenaa haqa abbootii isaa qorachuufi beekuu qaba. Dhaloota fuulduratti dhufuufis katabee dabarsuu qaba. Dhugaan yeroof dhokkatti ta'a malee ooltee bultee ifa ba'uun ishee waan hin oolle. Kan qoratee ifa baasuu danda'us dhaloota Qubee kanadha. Seenaan farda Siidaa Dabalee, abbaa fardaa biyyaa baasee hin dhiisne. Hiriyoota isaas kaan biyyaa baaseetu kaan lubbuu isaanii baase.